ADDA BILISUMMAA OROMOO

Garaagarummaa ABO fi Murna Shanee Ilaalchisee Ibsa ABO Irraa Kenname

Waxabajjii 2006

Qabiyyee **Fuula**

1.	**Seensa**	**3**
2.	**Diinootaa fi Firoota Qabsoo Oromoo**	**4**
3.	**Sagantaa Siyaasaa ABO**	**5**
4.	**Garaagarummaa Ilaalchaa Bal'inaan**	**9**
	4.1. Ejjennoo ABO	**9**
	4.2. Ejjeennoo fi Dogoggora Shanee	**11**
5.	**Qabsoo fi Haala Keessa Jiru**	**14**
6.	**Dhibdee Jiru Furuuf Ejjennoo ABO**	**20**
7.	**Karoora Carraaqsaa**	**23**

Ibsa garaagarummaa ejjennoo ABO fi kan Shanee

1. Seensa

Dhaabni keenya ABOn bara 2001 keessa bakka lamatti baqaquun isaa kanneen qabsoo bilisummaa Oromoo hordofan maraa jalaa dhokataa miti. Hundeen bakka lamatti bahiinsa kanaa garaagarauummaa kaayyoo dhaabichaa ilaalchisee, hogganoota dhaabichaa gidduutti yaadni ititaan dhibuu ta'uu yeroo adda addaatti ibsinee jirra.

Murni tokko kaayyoo dhaabichi bu'uraa irraa jalqabee ittiin masakkamaa ture – Oromiyaa walaba fi dimookraatoftuu ijaaree iggitii itti gochuu – cabsuun, gaafii Oromoo Itoophiyaa diimookraatofte kessatti of-bulchuutti xiqqeesse. Murni kun kaayyoon dhaabichaa kan dulloome, jabana adduunyaan walitti gunnuuffate /globalization/ fi aang'aa tokkichaa /single supper-power/ keessatti hojjachuu hin danda'u, jechuun qabsaawota adda diigee hamilee cabsee, WBO facaasee humnoota Habashaa waliin hojjechuuf kadhaatti bobba'e. Murni kun yeroo dheeraaf, Wayyaanee waliin hojjachuuf kadhataa ture; milkaa'uu hin dandeenye. Yeroo ammaatti CUD/Qinijjit/ waliin tumsa tolfatee maqaa tokkummaa Itoophiyaan kakachaa jira. Akkanaanis, kaayyoo jannootni Oromoo lakkofsa hin qabne ittidhuman, itti wareegaman irra waan ceeheef maqaa ABO qabatee sosso'uun yakka akka tahe yeroo yeroon hubachiisnee jirra. Garuu, murnichi kun of sirreessuu diduun ammas maqaa kanaan daba ummata Oromoo fi qabsoo isaa irratti hojjachuu ittifufaa jira.

Murni kun, Shanee Gumii duriitiin durfama. Akkasumas, murni kun maqaa adda addaatiin beekama: fkf, Murna Asmaraa, Shanee-Qinijjit fi kkf.

Gama kaaniin, nuti ABOn qabsaawotii kaayyoon dhaabichaa ammallee hin dulloomne, Oromiyaan walabaa fi diimookraatoftuun qabsoon ni argamtti jennuu dha. Nuti walitti gunnuufachuun addunyaa /globalization/ fi aang'aa tokkichi /single supper-power/ jiraachuun dhiibbaan isaan qabsoo bilisummaa Oromoo irratti qaban kan qabsoo orma biraa irratti qabaniin addaa miti jenna Eegaa haaluma kana keessatti Eritraan, East Timor, Bosnia, Croatia, Montenegro fi kkf jabanuma kana keessa bilisummaa isaanii gonfatan. Oromoonis akkasuma, jechuun akkuma isaanii yoo jaaramee, hidhatee qabsaawe walabummaa isaa gonfachuu danda'a jenna. Kanaaf, kaayyoon dhaabichaa hin dulloomne jenna. Kaayyoo kan ganamaa jala hiriirree bakkaan gahuuf kan carraaqnu – ABO dha.

Kanaaf garaagarummaa kaayyoo Shanee Gumii fi nuu, miseensota ABO gidduu jiru, nama keenyaafis haatahuu kan halagaatiifis ibsuun barbaachisaa tahe. Ergaan barruu kanaas kan xiyyeeffatu garaagarummaa kana ibsuu irratti.

2. Diinootaa fi Firoota Qabsoo Oromoo

Akka ilaalcha ABOtti kan Oromiyaa koloneeffatee fi kan irra goree Oromoon lolu hundi diina Oromoo ti. Akkasumas kan mirga hiree ofii ofiin murteeffachuu isaa dura dhaabbatu diina isaa waan taheef xiyyeeffannoo qabsoo Oromoo tahu.

Wayyaaneen akka mootummaa Itoophiyaatti empaayera nu garboomfate waan bakka bu'uuf, diinni keenya angafni isaa fi kittillayyoo isaa ti. Kan bakka isaa bu'ee caasaa empaayera akka jirutti utubee,umurii dheeressuu barbaadu hundi diina qabsoo Oromoo ti.

Humnootiin alaa, kanneen empaayerummaa Itoophiyaa tiksuu irraa dantaa qabanii fi mirkanaawuu hiree murteeffannaa, diimookraasii, nagaa fi ulfinna mirga ilmoo namaa dura dhaabbatan diina qabsoo Oromoo ti.

Firri Oromoo, yeroo rakkinna isaa kan dhaqabaniif abba-tokkoota, mootummootaa fi dhaaboota adda addaa ti. Akkasumas kanneen mirga hiree murteeffannaa ummatootaa, diimookraasii, fi nagaa, beekan, ulfeessanii fi deeggeran firoota qabsoo bilisummaa Oromoo ti. Oromoo hundi yoo Oromoo diinatti dabarsee hin kenninii fi kanneen empaayerittiin tikfamuu irraa dantaa qabaachuun bilisummaa Oromoo dura hin dhaabanne fira qabsoo Oromoo ti.

Sabootiin cunqurfamoon kanneen diiggamuu sirna empaayerummaa fi mirkanaa'uu mirga hiree murteeffannaatti amananii qabsaawan firoota qabsoo bilisummaa Oromoo ti. Ormi cunqurfamaan hunduu mirga Oromoo dura hin dhaabbatin malee nu hin deeggarre jedhamanii akka diinaatti hin laallaman.

Kan Oromoo koloneeffate, empaayera Itoophiyaa ti. Kan mirga isaa akka hin arganne gufuu itti tahan jaarmootaa fi abba-tokkoota duubatti harkiftoota. Diinni hunduu walqixxee miti. Kanaaf hundi isaaniituu, sadarkaa sadarkaatti yeroo yeroon hiramanii addaan baafamu.

Gamaa kaanin ammoo, murni Shanee kan Obbo Dawud Ibsaan durfamu kan ABO irraa fottoqee biyya Eritraa qubatee soso'uu kun, diinaa fi fira gargar baafatee hin beeku. Si'anammoo hiriyaa ittiin dorgomu malee diina hin qabu. Jechuun, kanneen ABOn diina jedhuun akka dhaaboota ittiin dorgomanii malee akka gaafii mirga saamame irraa deeffachuuf ittiin qabsaawutti laaluu ni sodaata. Fira harka hin rukunneef garuu, akka diinaatti itti bobba'a.

Hundaafuu daawitiin isaa tokkittii dha. Waliigalatti, Oromummaan of ilaaluu fi Itoophiyummaan of ilaaluu keessaa kan filatu murteeffachuuf waan

hin dandeenyeef daddaaqinni agarsiisu qabsoo Oromoo roga dhabsisaa jira. Kanneen ABOn diina jedhee lafa kaawate inni firoomfachuuf jala sussuka.

3. Sagantaa Siyaasaa ABO

Sagantaan ABO, akka akeeka malbulchaa (siyaasaa) qabsichaatti, kan lafa kaa'e empaayera nu gabroomfate diigee, mirga sabaa Oromoo hiree ofii ofiin murteeffachuu mirkaneessuun, Oromiyaa walabaa fi ofiin bultuu dhaabuu jedha. Sagantoota 1974-98 jiran keessatti akeekni kun wirtuu qabsichaaf tuqaa tahe kana irraa osoo hin maqin bara Shanee gahe.

Sagantaan 1974 bahe Hariiroo Alaa (Foregin Relations) jalatti, bakka dandahamutti orma barbaade waliin tokkummaa malbulchaa fedhii isaa irratti hundaawe uumuun hamma dandahamutti hojjata jedha. Sagantaan 1998 hariiroo alaaf aangoo addaa hin qabu. Akeeka malbulchaa jalatti cunfee kaa'a. Innis akkaataa akeekni mummichi itti mirkanaawuu dandahu keessaa tokko orma biraa waliin tokkummaa fedha irratti hundaawe uummachuun akka dandahamu hubachiisa. Ammas, akeekni muummichi akka mootummaa Oromiyaa walaba dhaabanii iggitii itti tolchuu tahe hima. Kanaaf akeekni bu'uuraa irraa hin jallanne.

Akeekni muummichi egaa mootummaa Oromiyaa walaba dhaabanii iggitii itti tolchuu dha. Isa hariiroo alagaa ilaalchisee kaa'ame keessatti qoodni ABO tokkummaa eenyu waliin uumuu akka deeggaru quwatee murtii ummataaf dhiheessuu dha. Yoo akeekni muummichi fiixaan bahe, akka saba of dandaheetti kophaa jiraachuu haatawuu, orma biraa waliin jiraachuu kan murteessu sabicha. Tuqaan akeeka hariiroo alagaa ilaalchisee hubachiifame yeroo Oromoon sadarkaa waan barbade murteeffachuu irra gahu kan ilaalamu malee, kan utuu akeekni muummichi karaa irra hin buhin itti bobbahamuu miti. Kun ammoo mirguma biyyi adda addaa har'a illee walaba tahan qaban ta'ee argama.

Sagantaan Shanee, kan bara 2004 keessa baafate, kutannoon waa'ee mootummaa walaba Oromiyaa uumanii iggitii itti tolchuu irratti ejjennoo hin mamsiifne fudhachuu irra akka alagaa mijaa'utti dhihate. Hundeen akeeka qabsichaa mootummaa walaba Oromiyaa dhaabuu kan jedhu sagantaa keessaa haqan. Kanaaf, shaakala isaa keessatti waan silaa duuba dhufu dura fiduuf yoo tattaafatu mullata. Ejjennoo kanatu alagaa waa'ee bilisummaa Oromoo dhagahuu hin barbaadneef tumsutti isa geesse. Dhaabbii ifaa fi beekamaa dhabuu isaatii kan ABO waliin gargar isa fageessu.

Nuti ABOn garuu, gama keenyaan kan feenu, kan filannu biliisa qofa malee garbichi utuu birmadummaa isaa hin mirkaneeffatin gooftaa waliin

walqixxee taa'uu hin dandahu jenna. Kan walfakaatan waliin garuu, waldeeggaranii gara gooftaa ofirraa finqilchuutti hojjachuu danda'u.

Tarsimoon kaayyoo ABO qabsoo ummataa dhaawataan Oromiyaa bilisoomsanii biyya walabummaan ofiin bultu dhaabuu dha. Kana bakkaan gahachuuf qabsoo malbulchaa fi hidhannoo geggeefachuun mirga dhalootaa saba tokkoo ti. Tooftaan godhamu marti kan kana faallessu tahuu hin qabu.

Bara 1992 Mootummaa Cehumsaa keessatti qooda fudhachuun Itoophiyaa diimookraatessuuf ture jedhanii kan mooraa Shanee keessa dhaabatanii lallaban jiru. ABOn kan cehumsicha keessa seeneef, riqicha sabootiin empaayera jalatti dararamaa turan, jeeqama yeroon uume jalaa baahanii gara fedhanitti ittiin akka ceehan buusuuf malee akka empaayera Itoophiyaa diimookraatessutti hin turre. Fiixaan hin bahin malee, tarkaanfiin fudhatame sun bu'aa hedduu qabsichaaf gumaachee ture.

Humnoota empaayera jigsuuf fincilan walitti fidee gara itti deeman filachiisuu yaale. Itoophiyaa fi Itoopiyaa mitiin sagantaa isaanii osoo hin geeddarin sagantaa gabaabduu (Chartara) yeroof dhimma ittiin bahuu danda'an qopheeffatan. Sanaan karaa nagaa empaayerittii diiganii, gaafii saboota fedha isaanii malee jalatti hidhaman akka deebisan abdatamee ture.

Sun uumaa bulchitoota Habashaa waan hin taaneef, Habashichi aangoo guddaa of harkaa qabu waan hallee dhuunfachuu filate. Hawaasi addunyaas sana jajjabeessef. Kanaan gamtaan uumame osoo waa'ee hin baasin jige.

ABOn osoo akka gola mormitutti dhiihachuu barbaadee yeroo sanuu kan dhowwu hin turre. Sana diduu isaatiin wareegama meeqatu baafame. Jannoota didan meeqatu ulfinna saba isaaniitiif kufan. Lamuu akka nambiyyaa lammaffaatti namni keenya hin jiraatu jedhanii karaa deeman sana filatan. Sanaaf, kan amma lubbuun jirrus itti waliigallee turre.

Kanneen amma faallaa kana lallaban, faallaa kanaa akka bu'uura dhokataatti qabatanii turan tahinna malee, bara cehumsaa waanti baasanii dubbatan hin turre. Abba-tokkeen bakka bakkatti Itoophiyaa tahuuf dhoofsisaa jirra haa jedhan malee, ABOn waa'ee dhoofsisa kana quba hin qabu ture. Oromiyaa bilisoomteef malee, Itoophiyaa tahuuf yeroon itti dhoofsise hafee yeroon itti aggammate illee hin turre.

Kanaan kan ka'e, kennati naannootti geggeeffamee, isa booda erga naannaan yk sabootii fi sabummaan kan barbaadan filatanii, murtii isa xumuraaf offalcha /referendum/ ummataatti dhihatama jedhamee yaadame. Offalcha ummataa keessatti qoodni dhaaba malbulchaa Oromoo, Oromiyaa bilisoomtee

gad-dhaabuuf sagantaa qabu ummataatti beeksisuu taha ture. Sun karaa dhibdee jirtu nagaan itti furatan tahee amanameetu ABOn kan qooda fudhate.

Akka murna Shaneetti, Itoophiyaa diimookraatessinaan gaafiin Oromoo achi keessatti deebii argata. Dura akka Itoophiyaatti galmeeffamnee heeraa fi seera isaa akka kan ofiitti fudhachuun gaaddisa isaa jalatti sosso'uu qabna jedhu. Kanaaf, qabsoo bilisummaa Oromoo osoo hin tahin qabsoo Itoophiyaa diimoookraatessuu dura geggeessuutti amanu. Kun yaada alagaan itti hudume malee kan mataa qabsaawaa Oromoo tokkoon magarfamu hin fakkaatu. Nuti diimookraasiin kan argamu empaayerri diigamuun, ummatootni isa jalatti hidhaman yoo hiree isaanii ofiin murteeffachuf gad-dhiifaman qofa jenna.

Murni Shanee Itoophiyaa diimookraatofte keessatti Oromoon lakkoofsa guddaa waan qabuuf aangoo hunda dhuunfatu akka dandahan odeessa. Kanaaf Itoophiyaa bulchuu waan dandeenyuuf ofiin bulummaan Oromiyaa barbaachisaa miti jedhu.

Ejjennoon kun akka tooftaaf tahe ususuun golatti deebi'anii hordoftoota isaanii afanfajjeessuu yaalu. Kun tooftaa yoo jedhame tooftaa tarsimoo ABO diigu taha. Dhaaboota Habashaa keessaa, yoo isa aangoo irra jiru hin tahin, kan mirga hiree ofii ofiin murteeffannaa sabootaa ifatti fudhate hin jiru. Innumti mirga kana beeke jedheyyuu, yeroo hojiitti dhufu garaa isaa irraa akka hin taane yeroo adda addaa agarsiisee jira.

Raajii maaliitiin ree kan Shaneen Itoophiyaa diimookraatessee deeggarsa guddaa qaba jedhuun kan aangoo qabachuu dandahu? Jaarmiyaa ofii cimfatanii, didhaa dhufu bahachuuf yoo of qopheessan, ganda keessa labuun bakka hin barbaachifnee tumsa kadhachuun hin barbaachisu. Yeroo san kan barbaadan hunduu toora galee manatti dhufa. Cunqurfamootni hundi bilisummaaf haa qabsoofnu jedhu malee, Oromoon eenyu irrattiyyuu heddumminna isaan qabatee of fe'uu hin barbaadu.

Oromoon kan ABO jaalatuuf, tarsimoo kaayyoo isaa irratti hundeessee sagantaa isaa keessatti baafateen. Kanaaf, kaayyoo yoo jijjiire ABO tahuu isaatu hafa. Shaneen ABO tahu dhiisee jira kan jennu kana fa'iif. Akka dhaaba Oromoo walabatti osoo hin tahin akka gola mormituu, ergamsa humna isaan alaa itti kennametti, osoo bajooju muldhata.

Oromoon gaafii kan qabu, mootummaa Itoophiyaa kan isa koloneeffate irraatti. Mootummaan kun mirga hiree isaa ofiin murteeffachuu beekeefii tarkaanfii gara sanatti geessu akka fudhatu gaafata. Tarkaanfiin sun akka Oromiyaa bilisoomsuuf finnaa of dandahe dhaabbattu ABOn hanga dhumaatti qabsaawa.

Mootummaan Itoophiyaa dhaalmaan, humnaan haa tahu kennataan, aangoo finnaa empaayeritti qabachuu ni dandaha. Akka fedhettuu haa dhufuu, mirga haa tahuu bitaa, gurraacha haa tahu adii, kushaawaa haa tahu seemawaa gaafii Oromoo akka dhihaatetti deebisutu irraa eegama.

Shaneen mootummaa Itoophiyaaf dorgomuu akka barbaadu addunyaaf labsee jira. Kanaaf gola mormituu amanamtuu tahee akka heeraa fi seera Itoophiyaatti galmeeffamuuf qophaaweera. Alaabaa Itoophiyaa, dur alaabaa weerartuu jedhaa ture, amma itti amanuudhaan jala tahee mari'achuutti kaheera. Gaafa galmeeffamu immoo akka iseen hin jigne utubuuf kaka seena.

Si'ana dhaabotiin maqaa Oromoon sosso'an Itoophessitootii hedduu dha. Shaneenis isaan keessaa tokko taha malee nafii isa adda baasuu hin qabaatu. Sagalee Oromoo isaan irra wayyaawaa argadha jedhee, kan gorora coccobsaa jiru ABO fakkaadheen nambiyyaa Oromiyaa gowwomseen hawwadha jedhee ti. ABOn maqaanis, akaakuunis adda bilisummaa ti malee gola mormituu Itoophiyaa tii miti. Tahuufis uumaan isaa hin hayyamuuf.

Malli inni goloota biraa daguuf qopheeffate, gola Habashaa oftuulaa tahe Qinijjit waliin tumsa tolfachuu dha. Kan yaadu fiixaan yoo baheef aangoo empaayerittiif dorgomuuf maqaas Itoophiyeessuun dirqii taha. Sana malee dorgommeen isaa Oromiyaa qofa keessatti dangahamee hafa.

Sanammoo bololli aangoo ol tuttuqaanii jiru hin qufsuu. Akka inni Amaara waliin hidhata uummate, dhaabootiin biraa Tigrayi waliin uummachuu dandahu. Murni amma aangoo irra jiru dursee bakka qabatee waan jiruuf jara Amaara caalaa ammaaf qawweenis, ilaalchaanis aanjaa qabaatu.

Qinijjit fi Arbanyoochi Ginbaar kan jedhaman Heera Wayyaanee aango 39 jedhamee beekamu, kan mootummaan Itoophiyaa jalqabaaf mirga hiree ofii ofiin murteeffachu itti fudhate ni balaaleeffatu. Aangoon heeraa kun aarsaa qabsaawotii cunqurfamootaa ijollee Tigrayi dabalatee hanga yoonaa baasaniin bira gahame.

Kan murni Shanee tumsaafii jiru, injifannoo hanga ammaatti galmeeffamte kan haquu fedhaniif jechuu dha. Akka amma irraa muldhatutti, Itoophiyaa Arbanyoochi Ginbaarii kanaafis miseensa tahee ilmaan Oromoo alaabaa cunqursaa qabachiisee duulchisuuf qophaawaa kan jiru fakkaata.

ABOn dhaaboota cunqurfamootaa waliin hariiroo tumsa caalu uummachuun akeeka isaa dhaabbataa dha. Akkasumas, dhaaboota saba cunqursaa kan hiree ofii ofiin murteeffachuu ummatootaatti amananii

qabsoosaatiif tumsuu barbaadan waliin waliigaltee uumuu akkuma kanaan dura tolchu itti fufa. Dhaaboota imaammata bulcha mootii moototaa durii deebisanii ijaaruu barbaadan garuu, bakka argetti ittiin morma malee hin tumsuuf.

Maqaa fi dirqamni ABO gaafa Oromiyaan bilisoomtu raawwata. Maqaa Shaneen xureessaa jiru kan hafne qabsoo keenyaan qulqulleessina. Osoo nuti jirruu ABOn jalee Itoophiyaa hin tahu. Goobanootni lamuu harka qaabanii dirqiin Oromiyaa Habashaa jalatti hin hambisan.

Namooti yeroof humna dhabuun bakka hamlatan (imaammatan) gahuu dhiisuun ni mala. Akeekni garuu hanga fiixaan bahutti waan dhalootaa dhalootatti darbee ulfeeffamu. Dadhabbinna yeroo akka moo'amuutti fudhatanii kan daddaquu barbaadan sabicha irratti yakka tolchaa akka jiran hubachuu qabu. Oromoon madda jannaa ti. Eenyummaa isaa rakkinna xinnoon rifatee hin haalu. Yoo har'a tahuu baate obsaa fi qaroomaan suuta dhibdee hunda irra aanee bilisummaa isaa akka gonfatu mamii hin qabu.

4. Garaagarummaa Ilaalchaa Bal'inaan

Keessa deebinee sararaa ilaalcha ABO fi Shanee addaan fuunee hubachiisuu yaalla:

1. **ABO:** ABOn ibsa jalqaba Bakkalchi Oromoo qabatee baheen akka dhaabootii fi mootummaan jiran dhaaboota Ityooopiyaa malee Oromoof kan dhaabbatan akka hin taane dhaabbii fudhate. Ibsuma kana waliin sagantaa isa jalqabaa kan 1973 tolfame fudhatee bahe. Akeeka hundee sagantaa kanaa gubbaatti hubachiifnee jirra.

2. **Shanee:** Gaafiin Oromoo gaafii saba cunqurfamee waan taheef Itoophiyaa diimookraatofte jala turuun deebii argachuu dandaha. Kanaaf, heera Habashaan nuu baaseen masakkamnee empaayeritti diimookraatessuun tokkummaa Itoophiyaa eegsisuf Qinijjit fi kan isaaniin walfakaatan waliin qabsoo itti oofna yaada jedhuun Shaneen kaayyoo ganamaa irraa cehee sosso'aa jira.

4.1. Ejjennoo ABO

ABOn kan ijaaramee fi wareegama kurnan sadii ol kan baase isa jalqabaa tuqaa 1 jalatti ibsame akka kaayyootti qabatee ti. Oromoonis kan jaalala kanaan dura hoogganoota biraa agarsiisee hin beekneen baddaa gammoojii yaa'ee simateef kanaaf.

Duulli Oromoo mootummaa waalta'e kan Odaa Nabee irratti dhaabe, irraa dirqama fudhatee karaa karaa faca'e utuu walitti hin dacha'in hedduu ture. Bakka dhaqetti finnaa xixinnoo dhaabbatee osoo gar-tokkotti hin deebi'in diinni addaa addatti argatee injifate.

Isa dura yeroo inni ajaja waalta'en socha'u, kan jala dhaabatu hin turre. Seenaa duulee daangaa isaa dur cabe deebisee ijaaruu dandahu qaba ture. Diinni bakka laaffatetti itti dhufee, biyya isaa caccabsuun akka ofii isaatii toluufitti addaan biinxessee caase. Lola ofirraa faccisuu tolcheen hedduutu itti dhume. Kaan garbummaan oofame, kaan birmadummaa dhabsiifamee lafa isaa irratti ciisanyaa jedhamuu humna isaa dirqiin saamame.

Oromoon bara dhibbaa oliif akka namaa gadiitti ilaallamaa bahe. Wanti inni oomishu hundi alagaaf odoo galu yoona ga'e. Afaan osoo qabuu akka kan alagaatiin dubbatu dirqisiifame. Yoo isaan humna nama baratee barbaadan malee, akka inni barumsa hin arganne karaa adda addaatiin gufuu itti uuman. Jireenyi isaa guutummaatti akka abbaan qawwee (Nafxanyaan) fedhutti geggeeffama.

Hadoochaa sana keessaa bahuuf murna murnaan haa tahuu abba-tokkeen golee hedduutti carraaqe. Garuu ijibbaata qofa itti tahe. Caalattuu roorroo itti cimsaa dhufe.

Waldaan Maccaa fi Tulamaa Oromoo walitti qabuu baroota jahaatamoota keessa yaalee ture. Waldaan kun akeekni isaa akkaataa Oromoon wal gargaaree wallaallinna, beelaa fi gadadoo keessaa itti bahu barbaachuuf ture. Waldaa hawaasummaa ti. Waldaan dhimma malbulchaa ilaalu waan hin jirreef, kan walgahan yabboo uumame irratti waa'ee bultii biyyaa fi haacuuccaa alagaan irraan gahaa turees dubbachuutti ka'an. Garuu, alagaan cal jedhee itti hin dhiifne. Hogganootatti du'aa fi ajjeechaa, akkasuma hidhaa bara baraa itti murteesse. Hogganootni kana irraa hafan, gariin isaanii sochii lafjalaa yoo eegalan, gariin ammoo biyyaa bahaanii karaa qabsoo itti haaromsiisan yaadutti ka'an. Waldaan Maccaa fi Tulamaas ni cufame.

Waggoota hedduun booddee deebi'ee yeroo ijaaramu bu'uura isaa bakka kuftee kaasee rakkinna hawaasaa keessa jiru furuuf marii itti fuufe. Waan biyya Oromoo irra gahu ammas ifatti balaaleeffachuu eegale. Keessaayyuu magaalaa mummittiin Oromiyaa Finfinnee tahuun hafee Adaamatti geeddaramuu irratti mormii boonsaa agarsiise. Kanaan kan ka'e mootummaan Habashaa amma jiruus balaa irraan gaheen

hogganoonnii fi miseensoonni hedduun yoo hidhaman kaan ammas biyyaa bahuu dirqisiifaman. Waldayichiis deebi'ee ammas ni cufame.

ABOn gaafa dhalate irraa jalqabee dhaaba malbulchaa ti. Miseensootni hedduun kan miseensa Maccaa fi Tulamaa jigee turan. ABOn Oromoon tokkomee ulfinna sabummaa fi biyyummaa isaa deeffatee jireenya nagaa fi gammachuu gonfachuu akka dandahuuf dhaabate. Sana dhugoomsuuf humna faffaca'aa fi abba-tokkee bilisummaaf ganda gandatti soosso'aa turan qindeessee qabsoo eegale. Ergasii akka durii alagaan fincilaa Oromoo gargarbaasee callisiisuu hin dandeenye. Maqaan Oromoos ergasii adduyaa mara biratti dhagahamuu jalqabe.

Seenaan Oromoo kan mul'isu hoggana kennataan of keessaa foo'ata akka turee dha. Kan ofirra kaa'ee yoo hin taanef buqqisee kan biraa dhaabbachuun mirga isaa ture. Amma sana deeffachuu barbaada. Sana deeffachuun bilisummaa fi ofiin bulummaa feesisa. Kun kan dhugoomu Oromiyaa walaboomte fi ofiin bultu yoo dhaabbatte qofa akka tahe amanna.

Mirga kana deeffachuuf qabsoon malbulchaa fi hidhannoo walduukaa geggeeffamuu qaba. Karaa nagaa wanti argamu yoo jiraate durfannoon ni kennamaaf. Karaa nagaa fixachuun kan danda'amu mootummaa Itoophiyaa taaytaa irra jiruu waliin dhoofsisamee ti.

Mootummaa Itoophiyaa irratti dhiibbaa tolchuuf ormoota seenaa walfakkaataa qaban waliin sadarkaa kamittuu walii tumsuun ni danda'ama. Goolota mormituu Itoophiyaa kanneen mirga hiree ofii ofiin murteeffannoo hanga mootummaa ofiin bulaa dhaabbachuutti amanan wal deeggeruun ni dandahama. Kun haaluma qabsoo kamiyyuu ti.

Kunis goolooti kun yoo taaytaa qabatan hal-duree malee gaafii Oromoof deebii kennuun isaanii kan abdachiisu yoo tahe qofa. ABOn adda bilisummaa malee gola mormituu Itoophiyaa waan hin taaneef taaytaa mootummaa Itoophiyaaf hin dorgomu.

4.2. Ejjennoo fi Dogoggora Shanee

Tuqaan lammaffaa dhaadannoo Shaneen ittiin deemaa jiru. Shaneen Oromiyaan damee Itoophiyaa ti malee biyya of danda'aa tahuu ni mama. Kanaaf, gaafii Oromoo irratti akka bilisoomee ofiin bulutti osoo hin tahin akka fottoqutti kan ilaalan waliin dhaabata. Gaafii Oromoon qabu, gaafii mirga ilmoo namaa malee kan bilisummaa biyyaa miti jedha.

Kanaaf, Oromiyaan mirga kamiinuu gaafachuuf diimookraata'uu fi tokkummaan Itoophiyaa haal-duree tahuu Shaneen murteeffatee jira.

Dhugaan jiru garuu, Itoophiyaan empaayera. Uumaan empaayeraa , humnaan qabatee humnaan bulchuu dha. Gaafa inni jigu qofa, kan isa jala jiran bilisoomanii akka fedha ofiitti of ijaaruu kan danda'an. Seenaan addunyaa illee kanuma agarsiisa malee, empaayerri diimookraatawuu hin agarsiisu, hin himu. Yoo empaayerri diigamu sabootni jala turanii fi nambiyyootni "biyya haadhaa" bilisoomu danda'u. Mirkaniin jiru sana agarsiisa.

Shaneen Itoophiyaa diimookraatessinee akeeka "nammi tokko irba tokko" jedhuun filannoo empaayera dhuunfaatti dhihaachuu barbaada. Biyya tokko keessatti yoo ilaalame akeeki kun diimookraatawaa dha. Biyya addaa akka Oromiyaaf garuu, addummaa isaa haalanii eenyummaan akka hin muldhanetti Habashaan walitti cafaquu taha.

Seenaan kan ragaa bahuu garuu Oromiyaan biyya of dandeessee dhaabbatu malee, damee Itoophiyaa tii miti. Bakka kuftee mataa ol qabattee rimma ofirraa urguftee kaati malee hin fottoqxu. Kan walitti biqiletu walirraa fottoqa. Kanaaf, mirga abba-tokkee osoo hin tahin mirga sabummaa fi biyyummaa gaafanna. Isa dhabneetu kolonii taane malee akka seeraa Gadaatti mirgi abba-tokkee heeraan ulfinna dhabee hin beeku. Oromoon mirga ilmoo namaa kan kabajju, kan uumaafuu seera qabu ture.

Adeemsi Shanee fi kan Goobana Daaccee walfakii dha. Goobanni akka gitaa Minilik malee akka jalee saatti of hin ilaalle ture. Yeroo Minilik akka tumsuuf gaafatus gosa isaatii fi kan ollaa jiran kan gurmeesse, duuloota tolfaman keessaa waan argamu qooddanna jedhee ti.

Goobanni ni dogoggore. Minilik Goobanaa ni sodaatan malee, ulfeessuuf oftulummaan Solomonaawummaa hin hayyamuuf ture. Dhuma irratti gosootni isa jala yaa'anis, sabni Oromoos balleessaa Goobanaan garboomuu danda'an. Goobanni kanneen jaarmaa fi qopheen isa caalanii tumsee of salphisuun qe'etti deebi'ee osoo of nyaatuu du'e.

Shaneenis "tumsa" jedhee Nafxanyaa haadhoo jala sussukaa jira. Akkuma Goobanaa, Qinijjit waliin tahee Mallasaa yoo finqilche bu'aa argamtu qooddadha jedhee ti. Mallasaan jaarmaa fi aangoon hunda isaanii dabarsa. Amaarri hundi ayyaana Minilik argatinnaa jedhanii itti rarra'uun carraa Goobanaayyuu nama dhabsiisuu dandahu. Yoo dhumallee milkaawan Amaarri Shaaneef aangoo hiruu akeekni isaanii hin

hayyamuuf. Kan isaan of jijjiiruu mirkaneessuu dandahan gaafa empaayera isaanii diiguu fi mirga hiree ofii ofiin murteeffachuun saboota Habashaa jalatti hidhamanii kan hin uggamne tahuu mamii malee fudhatan qofa.

Shaneen maqaa ABOn akka gola mormituu Itoophiyaatti goloota biraan dorgomee taaytaa fudhachuu barbaada. Kana irraa ka'eetu dhaaboota akeekni isaanii faallaa bilisummaa Oromoo tahe waliin kan hidhata uummachutti jiru. Kanaan kaayyoo Oromummaa isa ganamaa ganuu irrayyuu, dhaaboota mormituu Itoophiyaa keessaa toora kanneen duubatti harkisoo of galche. Qabsoon warraaqaa fi fulduratti ilaalaa fedha. Shaneen da'oo rifattuu waan taheef qabsoo dhaawataaf /protracted/ hamilee itti hin qabu. Kanaaf, warraaqsa Oromoo irraa qoollifachuu eegale.

ABOn kan mirga gaafatu abbaa taaytaa finnaa Itoophiyaa qabate hunda irraa ti. "Tumsi" Qinijjit fi Shanee milkaawee aangoo empaayerittii irra yoo bahellee gaafii kana deebisuun irraa eeggama. Gaafas kan bakka Oromoo bu'anii gaafatan dhaaboota bilisummaa isaatiif dhaabbatan malee Shanee hin tahu. Shaneen mootii Itoophiyaa mirgi irraa gafatamu taha jechuu dha.

Wayyaaneen dhaaba diktaatoraa ti. Lubbuuf qabeenya saba keenyaatti balaa guddaa buusaa jira. Haatahu malee, dhaaboota Habashaa keessaa kan mirga hiree ofii ofiin murteeffachuu sabootaa hanga keessaa qoollifachuutti fudhatee heera isaa aangoo 39tti galfate isa qofa. Jarri Shaneen walii tumsu - Qinijjit - aangoo heeraa Wayyaanee kana haquuf kan bakka deemanitti kakatan. Kakataas turan, ammaas kakataa jiru. Sun Shanee hin quqne taanaan ofiis aangoo sanatti amanuu isaa cicachiisa.

Gabaabaatti Shaneen akka Itoophiyaatti of ilaala. Kanaaf, furmaatni inni gaafii Oromoof kennu Itoophiyaawaa taha. Karaa biraa ammoo ABOn akka dhaaba Oromiyaatti of ilaala. Furmaatni inni gaafatuu fi qabu kan Oromiyaa Itoophiyaa jalaa bilisa baasu taha. Ejjennoon Shanee kun tooftaa osoo hin tahin tarsimoo dha. Tooftaaf eenyummaan saba tokkoo hin jijjiiramu.

Beektootni Oromoo gariin kan amma osoo Shaneen hin gaafatin "ishoo obbookoo" jedhaa jiran kanneen Itoophummaa malee Oromayummaa abjuunuu itti hin mullanne. Kanaaf, kan Oromummaan socho'anii waliin bu'uura adda addara waan dhaabbataniif mariin isaanii walitti galuu hin danda'u. Kanaaf afaan walitti darbuun hammaata. Itoophiyummaa moo Oromayummaa wayya kan jedhutti akka hin

deebinee sun mare walkaa jaarraa tokkoo dura raawwate waan taheef bu'aa hin qabu. Kan gala tokko qabutu tooftaa irratti mari'ata malee kan gala adda addaa qabu marii osoo hin tahin coqqolloo taha.

Haala jiru kana ibsuu kan barbaachiseef Oromoon ejjennoo ABO fi Shanee wal bira qabee akka hubatu ykn madaaluuf. Kan Shanee deeggaru dogoggoraan osoo hin tahin ejjennoo isaanii isa dhugaa beekee gara itti goru akka murteeffatuufi. "Eegee qeerransaa hin qaban, qabnaan gad hin dhiisan", jedhu abbooliin. Qabsoon jalqabne hagamuu ijibbaachisaa tahullee, ijoollee keenyaaf hadha'a keessaa hin baane itti dhiifnee darbuu hin qabnu. Karaan Shaneen irra buhe sanatti geessa. Karaan Shanee, karaa jibbamaa garbummaa, salphinnaa fi qaanii ti. Kun akka ijoollee keenyaan dhaalamu hin feenu.

Murni Shanee ammallee mirkanii ifaa jiru nuti kaayyoo irraa hin maqne jedhanii ololu malee, karaa irra jiran himanii sababa isaa dhiheessuun nama amansiifachuu hin yaalan. Alii-alii tooftaaf malee akeeka geeddarachuuf miti jedhu. Dhuguma diinummaa jara itti dhaqanii kana garaatti qabatanii sosso'u yoo tahe dura tumsa humnoota Oromoo uumuu qabu turan. Jarri Shanee garuu akka hamaan isaanii gad hin baaneef Oromoo baqatu.

Kanneen isaan tumsaniifis tooftaaf goona jedhu. Toftaan gamaa fi gamasii walitti duwwaa dha. Tooftaan kaayyoo diiguuf karoorfame tarsimoo malee tooftaa hin tahu. Itti galli kaawwatan isuma itti jiran kanaa.

Shaneen alagaa waliin dantaa Oromoo irratti sadaa akka jiru ifaa dha. Jaarmaa humnoota Oromoo jabeessuuf dirqamni itti kenname ture. Jiraachuu isaaniillee, osoo hin mildhatin, humnoota Oromoo gidduutti nagaa buusuu mannaa farroota Oromiyaa tumsa gaafatee alaabaa Itoophiyaa jalatti waliin dhiichisaa jira.

5. Qabsoo fi Haala Keessa Jiru

Shaneen akka gola mormituutti maaf sirna Itoophiyaatti gala jennee ittiin mormaa hin jirru. Abbaan akka barbaadutti of ijaaruu haa tahuu ilaalcha malbulchaa fedhe guddifachuuf mirga qaba. Kan fedhe deeggaruu fi tumsuun hiree isaa ti. Garuu, maqaa ABOn jalee Habashaa tahuu murteessuu jabeessinee mormina. ABOn tokkicha! Sagantaa isaas beekamaa dha! Kanaaf, maqaa dhiiga qabsaawottaan lallise kana hin coollibsinu!

Bara si'anaa, adunyaan mooraa tokkee tahuu fi guddini teknoolojii addunyaa walitti gunnuuffachiisuun (globalization) qabsoo sabaa geggeessuu yaaduu waan yeroon itti darbe akka tolchetti, mooraa Shaneeti yoo dubbatamu dhagahama. Kun kan dadhabbinna ofii golguuf yayyabame.

Jijjiiramni fedhe yoo dhufe, fedha namaa nagaa fi bilisummaan jiraachuu ukkaamsuu hin dandahu. Haalli hunduu kan fudhatama argatu ulfinna ilmoo namaa yoo eege qofa. Tokko gooftaa, kaan garbicha godhee kan hambisu yoo tahee dura dhaabbachuun mirga dhalootaa ti. Bu'aa teknoolojii qooddachuuf haatahuu akka macalaqfamanii irra hin darbamneef dorgommeen tolfamu akaakuunis amnaanis qabsoo kanaan duraa caalaa olaanaa barbaada.

Finnaan sabaa guddinna teknoolojiin akka badu, yoo mooraa Shaneetti hin taane hanga yoonaa ragaa hin qabu. Shanootiif mogolee buustuun tokko tokko "globalization" kana nama tolcha fi sana hin jaalatu, jechuun ifaajjii qabsaawaatti bishaan naquu yaalu.

Silaa badiisi itti aggaamame yoo jiraate akka ofirraa faccisuu dandahutti saba tokko caalaa qopheessuuf tattaafatu malee badiisa fudhatanii kooluu galuuf hin murteeffatan ture. Finnaan sabaa itti cimaa deema malee eenyummaa jara burqaa teknoolojii fudhatee akka badu ragaan hin jiru. Badiisi isaa sirna empaayeraa jibbisisaa fudhachuu taha.

Sababni kennamu kan gara biraa, akka durii biyyi hidhannoo namaa kennu hin jiru jedhu. Kan isaan irraanfatan hanga warshaan hidhannoo jirutti karaan itti argatan akka hin dhibne. Oromoon durii eeboo tumsiifate isa qabatu caalaa kan diina irraa buufatee ittiin lolu jaja ture jedhama. Inni ammas meeshaa horii isaatiin bitame waan diina irraa hin buufanneef, hin hiikkachiifneef hin jiru.

Moora Shaneetii yeroo ammaa "qabsoo hidhannoo geggeessuun 'shorokeessituu' nama tolcha" kan jedhuus yoo darbatamu dhagahama. Ilmoon namaa kan ulee kaasu rakkinna isaa karaa nagaa furuu yoo dadhabu qofa. Rakkinni hanga jiruttii fi karaan nagaan furachuu hanga dadhabametti kun amala dhalootaa imlmoo namaa hundaa ti.

Oromoon waa'ee Oromummaa kan itti ilaalu akka tokko ti. Akka saba tokkootti hiree isaa waliin murteefachuuf akka jirus gaarii godhee hubatee jira; ni beeka. Amanttiilee ilmaan Oromoo qaban mooraa sabgidduu adda addaatti hidhuun, akka waan of dandeenyee, waliigallee, dantaa waloof hiriiruu hin dandeenye kan nu fudhachiisuu barbaadan garu ni jiru.

Nuti Oromoo dha. Mirgoota Oromummaa fi biyya keenya Oromiyaa waan dhabneef falmaa jirra malee, biyyoota nuu ala jiranii amantiin tumsinee

addunyaa lixaa lolaa hin jirru. Kan dirqiin achitti nu dhiibuu barbaadu yoo jiraatees hin milkaawu. Hanga yoonaa amantiin Oromoo hiriirsuu kan barbaadan injifannoo malee hafan. Oromoon tokko, seenaa boonsaa tokkoo fi biyya tokko qaba. Kanaa ala kan jiru olla dha. Dhimma ollaa keessa hin seenu.

Qabsoon Oromoo Oromiyaa keessatti gaggeeffama. Dangaa namaatti ceehee waan goolu hin qabu. Isa daangaa jigsee itti dhufe humnaa fi mala qabu hundaan of irraa faccisa. Si'ana dargaggoon Oromoo rakkinna ummata isaanii irra jiru bal'inaan balaalleeffataa jiru. Jireenyi ummataa akka fooyya'uu, qajeeltuun dabde akka sirrooftu, kan beela'e akka soora argatu, kan dhukkuffate akka waldhanamu, yaalamu, kan hidhame akka hiikkamu, fi mirgi ilmoo namaa akka eegamu gaafataa jiru.

Kana akka fincila seermalee tahetti kan fudhachiisuu barbaadan jiru. Dhugaan isaa garuu mirgi ijoolleen gaafataa jirtu akka seerri koloneeffataa barruun kaa'eetti malee isaan alatti hin turre. Kanaaf Wayyaaneen aaboo heera hiriira isaanii ittiin dhowwuu hin qabdu turte.

Barumsi biyyattiin kennitu durumaa sadarkaan gad bu'aa ture. Kunis dhiheessi gahaa dhabu, bakki ijjooleen itt barattu dhiphachuu, akeekni sirni barumsaa Oromoof hin tolle diriiruu, barsiisoota gahaa dhabuu, barsiisootni jiranuu sababa adda addaatiin dorsifamuu fi hidhamuu gufuu itti tahuurraan dhufe.

Hammattii dhuma argamtu akka hin qooddanne rakkinna Wayyaaneen yeroo yeroon uumtuun mormuun hiriirota nagaa gaggeeffamaa turaniin sagantaan barumsaa borcamuun gufuu tahaa jira. Waabariin kanaan cufamuun sabicha caalaa huba. Shaneen ofii Habashaa waliin saadaa eegumsa osoo hin tolchin ijoolleen juu jujuu yommaa jedhu muldhata. Sun humna Oromoo gaafa inni galu ittiin mormuu dandahu dursee laaffisuuf kan jedhan jiru.

Wareegamni dargaggoo fi ummata Oromoon tahe kan ulfinna guddaa qabuu fi barbaraan hin irraanfatamne. Kanaaf ABOn waan tahaa ture nafii hin dhabsiifne. Namni empaayeritti keessa jiraatu hiriiraa nagaa tolchuu fi of ifsuuf mirga akka qabu mootummaan taaytaa irra jiru heeraa fi seera baafateen mirkaneessee jira. Kana keessaa mirgi ilmaan Oromoo qaban adda hin tahu. Garuu, qaamni sadaffaan gidduu lixee mirgoota kana dimimmiseessuu dandaha.

ABOn empaayeritti keessatti seera alaa taasifamee jiraachuun beekama. Darbee darbee dhaadannoo hin taane kan ijoolleen ofiin kakaatee qabattee hiriirtee meshaa olola Shaneetiin akka fincila diddaa garbummaa ABOn yayyabeetti dhihataa jira. Diinni kanaan qabatee ABOn argadhe jechuun akka hammeenya cimaa ijoollee irraan geessisu mijjeeffame jechuu dha.

Diinni sana akka dirree ABOn waljifatuutti dhiheessuu yaalee ture. Ijoollee harka duwwaa deemtutti ofumaa dhuka'aa darbatee ittiin nama hedduu too'annoo jala oolchuutti ka'e. Sabboonaan hundi ABO jedhamee hidhaatti guuramuu fi ajjeefamuun itti fuufe. Humna kana nambiyyaa Oromoo irraa ittisu osoo hin qopheessin, hiriira mirgaaf ijoolleen goote kana "fincila diddaa garbummaa" jechuun Shaneen raadiyoo isaatiin alaakaa bahe. Akka ayyaanni badduun nama nagaa jala seentee, araba Waaqatti baasuun bakakkaa namatti beeksifti jedhanii tahe. Sana ni balaalleeffanna.

Badii gahe hundaaf kan bara tokko Wayyaaneetti aanee abbaawummaan itti gaafatamu ni jiraata. Dhiigni ilmaan Oromoo kan dhangala'ee turee fi dhangala'aa jiru bilisummaa Oromoof malee diktaatora empaayerittii aangoo irraa buusee kan biraa bakka buufachuufii miti.

Ijoolleen kun abdii borii ti; ceekuunsee roorroo baachuu akka hin dandeenye amaanuun hiriira walirraa hin citneen mirkaneessiteerti. Qoodni dhaaba tokkoo silaa iyyannaa namaa kana qabsoo jabeessuun dhaqabuu malee halaala tahanii diinaa wajjiin malaa shuu jechuu miti. Yoo haala hin dandeessifne keesa jiraates callisuun badii hedduu oolcha ture. Badiin akka gahu karoorfame yoo tahe garuu yaala of dadhabduu waan taheef fiixaan hin bahu.

Qabsoon Oromoo of irratti irkataa dha. Gabra qaari'ee ykn mooraa diinaa dhaqee tumsa hin gaafatu. Kanaaf, dhaaboota mootota anga'oo keessaayyuu kanneen Awuroppaa fi Ameerikaa tuqan waliin quba hin qabaatu. Kanaaf, ulaagaa maaljecha shororkeessituu hin guutu. Nuti mirgaaf lolanna. Mirga badde deeffachuuf eenyuunuu hayyama hin gaafannu.

Bakka hanqatetti akka nuu guutan kan nu fedhan irraa gargaarsa waatattaa fi ogumaa gaafachuunis mirga keenya. Nuu kennuun qooda isa gaafatamuu taha. Osoo manaa hin bahin abalu maal naan jedha jedhanii sababa tarreessuun amala dabeessaa ti. ABOn mildhuu halagaan hin masakkamu. Shaneen garuu nyaara alagaa ilaalee bula.

Hireen keenya akka sabaatti jiraachuu itti fufuu ykn baduu ture. Hin badnu jennee wal qabannee kaane. Ammas haalli nu balleessuuf aggaammate, itti caale malee hin jijjiiramne. Kanaaf, haala walmaraa addunyaa keessatti uumame haa tahu sadoon keessaa dhalate karaa bilisummaa irraa nu hin deebisu.

Shaneen kachachalaan alagaa waliin marii imaammataa ala jalqabe akka dhiisu, nuti miseensotni ABO kaayyoo ganamatti bullu, gorsinees, kadhannees,

akeekkachiifnees deebisuunii hin dandeenye. Caalaattuu Shaneen tarkaanfii ABO dadhabsiisu fudhachuutti ka'e.

Obbo Dawudiin kan durfame murni Shanee, WBO dirree kibba Oromiyaa irraa dhiiheessii nyaataa, daaraa, hidhannoo, waldhaansaa kkf kute. Miseensootni WBO kibbaa irra deddeebisanii akka kan hir'ate guutamuuf gaafatanii deebii dhaban. Hooggana Shanee fi ajajaa olaanaan WBO dhufee akka jireenya isaanii gadadoon guutame ilaaluun furmaata itti tolchus tattaafatanii turan. Shaneen garuu tumsa alagaatiin baabsamee humna dabalata alagaan gabbate itti baasee WBO facaase.

Miseensootni WBO humna jaallewwan isaanii keessa jiran kana loluu hin barbaadne. Hanga dandahan ofirraa faccisuun kan irraa hafan qaawwaa argataniin jalaa hulluuqan. Ummata Oromoo naannaa, takkaa gosaan wal dhabee hin beennes karaa ayyaana-laallatootaa walitti naquuis murni Shanee abbalee ture. Oromoo biyya alaa, keessas olola walfakkaataa facaasee tokkummaa Oromoo qoree ture.

Qabsaawotni kana hubatan ejjennoo Shanee balaalleeffatanii akka korri madaallii qabu waamamu gaafatan. Murni Shanee garu gaafii sana deebisuun aangoo ol natti tahe jechuurra, seeraa ala dhihate jedhe haala keessa jiru golguu yaale. Kanaaf, miseensootni hoggansaa adeemsi Shanee gara inni itti geessu hubatan Fulbaana 2001 keessa Koree Dandamachiistuu ABO utubuun kaayyoo fi dhaaba ABO dandamachiisuuf saganteefatan. Murni Shanee ammoo akka aadaa dhaabaatti gaafii dhalateef deebii kennee qeeqa dhihaate dhaggeeffachuu matumaa jedhe. Caalaattiyyuu dhaabni akka cabee hin fayyinetti olola tamsaasaa fi kan maqaa qabsaawota balleessu, mureessu afuufuu itti fuufe.

Shaneen egeree tokkumaa Oromoof dantaa dhabuun olola Oromoo ala jiru gandaa fi amantiin gargar baasuu dandahu gaddhiise. Olola kanaan kan mooyaman haa jiraatan malee bulee bulee dhugaan gad bahuu hin hafne. ABO sabboonota lubbuu isaanii biyya isaaniif dabarsuu murteeffataniin ijaarame malee hiroo gandaan shallagamee miti.

Kanaaf yeroo wal irratti du'an ganda kamii dhufte waliin hin jenne. Shaneen sabboonota lubbuun isaanii akka tasaa yoona gahee fi ammallee jireenya isaanii dhiisanii kaayyoo qabatanitti cichaniin kittillayyoo diinaa fi ijoollee ganda tokkoo jedhee olola dhara tahuu biyyi beeku afuurse.

Isa duuba Koreen Dandamachiisftuu waan dhaabbateef xumurattee sadarkaa itti aanutti tarkaanfachuu ABOf dirqii tahe. Kanaaf, Shanees haammachuu kan dandahu Qaamni Cehumsaa dhaabbate. Ammas, Shaneen kutatee waan kaayyoo irratti fincileef tokkummaa ABO eeguuf gamtaa hin

agarsiifne. Yaada dhihaatee fudhatee rakkinna dhaaba irra gahee hiikkuu mannaa kophaa waan "kora" jedhu walitti qabee of jabeessuu itti fufe.

Hamaa dhufaa jiru ilaaluun, maanguddoonni of ijaaranii Shanacha Jaarsummaa utubanii waliigaltee uumuuf ifaaja'anii turan. Garuu ofirrummaa Shanee fi akkaataa dubbiin itti qabame tokko tokkoon ifaajjichi milkii malee hafe.

Shaneen furmaata dhihaatee hunda diduu irrayyuu olola dhaabaa qofa osoo hin tahin sabichuma gargar diigu dandahu afarsuu itti fufe. Qabsaawotaatti warra gandaa fi warra dhugeeffannoo akkanaa fi akkasii, booqaa jedhu, itti maxxansuun Oromoo ala jiru wal jibbisiisuu yaale. Kanaan jaallan meeqa garaa wal irraa fageesse.

Yeroo ga'an kennameefiis Shaneen kaayyoo ganamaatti deebi'uu didee. Caalaattuu nyaaphaan saaduun maqaa ABO fuudhee galee awwaaluuf murteeffatee sochii shaffisa fudhachuu eegale. "Bu'uura Nagaa" jedhee akaakuunis qabiyyeenis yaada nama qaanessu labse. Sana dhugoomsuuf baayyee olii gadi jedhe; amba keessa, asii fi achi ak'e.

Gargaarsa jaarmota alaatiin Bergen, biyya Norwayitti walgahii harka kennachisaa irratti argamee Shaneen hojiirra oolchuuf samaane. Haal-duree Wayyaaneen dhiheesseef fuddhatee dhoofsisaaf dhihaachuuf hogganootni isaa bakka bakkatti ibsa kennan. Sun didamnaan "fincila diddaa garbummaa" labsine jedhan. Hin turree, faallaa sanaa, dhaaboota Amaaraa Heera Wayyaanee aangoo 39n mormanii tumsaaf jala gale.

Gochaa Shaneen hojjachaa turee fi hojjachaa jiru maraa fi haala qabsoon bilisummaa Oromoo gaafataa jiru xiinxalanii ilaaluun miseensootni Koree Gidduu kaayyoo ganamaa waliin hafan kora hatattamaa waamanii ABO baddi irraa olchuuf tarkaanfii fudhatan.

Korri ABO kunis karaa Shaneen deemaa jiru xiinxaluun, dhaaba jaallatan qofa osoo hin tahin, ummata Oromoo badiinsaan gahuuf akka dhihate huubatan. Shaneen sana booda deebi'ee Qaama Cehumsaa ABO keessatti qooda fudhachuun waan hin abdatamneef koreen Qaamni Cehumsaa ABO waan itti aggaammate xumuruusaa fudhachuun maqaa dhaaba isaanii ABOn akka sosso'amu murteessan. Labsa 1/31/06 baasaniin ABOn tokkichaa fi kan kaayyoo ganamaa bakkaan gahuuf dhaabbate qofa tahuu mirkaneessan.

Kaayyicha jibbus Shaneen maqaa isa Itoophiyeessu fudhachuu dhiisee ammalee an ABO jechuun sosso'aa jira. Karoorri Shanee ABOn takumaa jiraatee akka hin beeknetti irraanfachiisee mi'a seenaa gochuuf ture. Garuu hanga

qabsaawan kaayyoo qabatee deemu jirutti maqaan kun hin badu, eenyuu imaltuu bilisummaa itti gala isaa irraa hin deebisu.

ABOn dantaa Oromoof malee kan alagaa kamiifuu durfannoo hin kennu. Saba isaa irratti irkatee hanga biyyi isaa mootummaa bilsaa fi ofiin bultuu dhaabbatutti qabsoon itti fuufa. Addunyaa ilmoon namaa hundi nagaa fi gammachuun itti jiraatu argamsiisuuf warra kaayyoo kana milkeessuuf dhaabatan waliin waltaha.

6. Dhibdee Jiru Furuuf Ejjennoo ABO

Gaafiin Oromoon qabu bulcha empaayera Itoophiyaa irraa tahuu olitti tuqnee jirra. Bulcha kana irraa mirga keenya kan saamamne deeffachuuf qabsoo malbulchaa fi hidhannoo erga jalqabnee kurnan sadii ol tahee jira. Oromoon osoo qabsoo hidhannoo hin jalqabin dura karaa nagaa mirgaa fi ulfinna badde deebifachuuf hedduu carraaqee ture. Tahuu didnaan of irraa faccisuuf hidhatee qabsawu jalqabe.

Oromoon yoomiyyuu qabsoo dhiiga lolaasu irra nagaan gaafiin isaa yoo deebi'eef filata. Kun ammoo hawwa gar tokkoo qofaan hin tahu. Koloneeffatanis kanatti amanee harka isaa irraa sassaabbachuuf fedha agarsiisuutu irra jira. Habashaan nagaan dubbii fixatee hin beeku, kanaaf of eeggannoo barbaachisa. Oromoon aadaanis, dudhaanis nagaa jaalata. Hamaa itti dhufe ofirraa deebisuuf garuu hafee hin qabu ture. ABOn aadaa fi seenaa dhaalmaan itti darbe kana qabatee ti kan qabsaawaa jiru.

Humnootiin gurguddaan nagaa fi diimookraasii leellisan rakkoo koloneeffataa waliin qabnu gidduu seenanii akka furannu, dhiibbaa osoo tolchanii, hin jibbinu. Garuu yaaliin tolchine hanga yoonaa harkaa fi milla takalamne Habashaa jalatti akka hafnu malee dhugaa keenya hubatanii gargaarsa malu hin tolchine.

Habashaan osoo humni keenya dorsisuunii hin dhaqabin biyya humnaan qabate jaarsummaan gadi dhiisa jechuun gowwummaa dha. Aanga'ootiin addunyaas hamma dantaan isaanii karaa mootii Habashaa eegsiifachuu dandahanitti humna haaraa deeggaranii dantaa olbaasaniif hin qabani. Humni keenya cimee kan amma aangoo empaayerra jiru dorsisuu yoo dandahe garuu lama yaaduun isaanii waan hin oolle.

Haa tahu malee jaalallii nagaaf qabnu cimaa dha. Guyyaan Oromoon wal faana aaree ka'u fagoo hin tahu. Booda hamaa dhufu dhaamsuuf dafquu irra, ammaanu itti yaaduun bu'aa hundaaf akka qabu hubachiisuu hin dhiifnu. Sun yoo gahee badii hin yaadamne oolchuuf mootummaa Itoophiyaa waliin

dhoofsisuun imaammata ABO dhaabbata dha. Sunis gola mormituu tahuuf osoo hin tahin humna bilisumaaf lolatu tahuun.

ABOn Oromiyaa bilisoomtee ofiin bultu gad dhaabuu barbaada. Kun firaafis alagaafis ifaa tahuu qaba. Itti gala ofii karoorfanne malee kan alagaan nu karoorsu fudhachuu dhiisuun mirga keenya tahuun beekamuu qaba. Dhoofsisi Habashaa waliin tolchinu karaa nagaan manii keenya kana kan ittiin geenyu malee kan akeeka bu'uuraa nu geeddarsiisu hin tahu. Dhoofsis goonu akka wal haaluun itti hin baayyanne eegumsa barbaachisa. Dhoofsisi hundi bakka golli sadaffaan jirutti fi bakaa baabsa hin qabnetti, haal-duree malee kan geggeeffamu tahuu qaba kan jennuufis kanumaaf.

Nagaaf tarkaanfiin fudhataman dubbii tolfamu irratti ka'uu qabu. Murni tokko waa kennuuf waa fudhachuu qabachuun danbii dhoofsisaa ti. Kanaa alatti ABOn kophaa isaa waan lagachuuf gaafatamu fudhachuu hin qabu.

Mootummaa Itoophiyaa irratti dhiibbaa tolchuuf, dhaaboota Itoophiyaa mirga ilmoo namaa ulfeessuuf akeekatan, diimookraasiitti kan amanaan, walqixxumaa ummatootaa fudhatanii mirga hiree saanii ofiin murteeffachuu kan beekaniif, hamilee kennuun ni danda'ama.

Mootummaa Itoophiyaa diriira nagaatti fiduuf qabsoon hidhannoo akaakuun caalaa cimee akka itti fufu ni tolfama. Qabsoon hidhannoo kan xiyyeeffatu dhaaboota mootumichi ummata jeequu fi hacuucuuf bobbaase irrattii fi ijaarsa humna isaa kennan irratti. Kana keessa ormi nagaan, hidhannoo hin qabne akka hin hubamne eeggannoo tolchuun aadaa fi seera Oromoo ti. ABOn aadaa fi seera dhaalmaan argate kanaa ala mootummaa irratti amantee dhabsiisuuf noola waan goolu akka tooftaa qabsootti hin shaakalu. Tarkaanfii namoota hin hidhanne fi lola farra bilisummaa irraa qooda hin fudhanne gooluuf tolfamu ni balaalleeffanna.

ABOn hunda caalaa irree cimfatee irree koloneeffataa cabsuu irratti xiyyeeffata. Sunis diriira nagaatti dhufutti ykn Oromiyaa keessaa hanga dacha'uti itti fuufa.

Dhaabotni Oromoo garaagarummaa ilaalcha jiruu hubatanii gara fedhan qabachuun amma yeroo isaa ti. Yaada gurguddaa lamaan armaan olitti kaa'aman ifaan marii irratti tolchuuf karaa keenya qophee dha. Oromoonis eenyu maal akka saganteeffate yoos bara. Mariin yaadni keenya yoo walitti gale waanti waliin diinatti bobba'uu nu dhorku hin jiru. Dhaaboota Oromoo fi cunqurfamoota akka Oromoo diinoota keenyaan hidhata hin qabne waliin marii tolchuuf yeroo hunda harka keenya ballifnee simachuu qabna.

Empaayerri Itoophiyaa yoo diiggame malee akka jirutti hin diimookraatawu. Kanaaf, dhaabootni bilisummaa Oromoof dhaabbatan empaayera utubuuf tarkaanfii fudhatamu irraa qoollifachuu qabu. Sabni hundi bilisa yoo bahe, koloneeffatanis waliin bilisa baha. Kan bilisa tahan akka ollummaa fi obbolummaa Afrikummaatti mari'atanii karaa gamtaa isaanii itti cimsuu dandahan soquu danda'u.

Tuqaalee kanaa olitti kaafne xumuruuf, Shaneen kaayyoo ganamaa irra ceehee of Itoophiyeessuun akka mormituu Itoophiyaa tokkootti taaytaa empaayerittiif dorgomuuf murteeffatee jira. Kanaaf, ABO ofiin jechuu hin danda'u. Hidhatii jaarmaa Habshaa duubatti harkiftuu waliin tolchaa jirus kanuma agarsiisa. ABOn maqaa kallacha qabsoo Oromoo ti malee kan jalee alagaa tii miti.

ABOn empaayerri diiggamu malee diimookraasiin keessaa bahuu hin dandahu jedha. Shaneen yeroon amma qabsoo bilisummaaf hin tolu jedha. ABOn qabsoo kan uume rakkinna Oromoo irra gahe waan taheef hanga rakkinnichi irraa buqqa'utti qabsoon yoomuu mirga saba cunqurfamee ti jedha. Kanaaf, hanga maayyiitti qabsoof bobbaha malee, sababa lama kabalamuuf hin tarreessu.

ABO kan ABO jechisiise kaayyoo ganama qabatee ka'e. Kan ofiin ABO jedhee sosso'u kan kaayyoo sanaaf amanamaa ta'e qofa.

Shaneen tarkaanfii WBO kibbaa facaasuuf fudhateen, hiriira nagaa baratootaa diinni rukutuuf akka sababa himatu qabatutti mijjeessuun, dhaaboota Habashaa duubatti harkiftuuf tumsuun, gola mormituu mootummaa Habashaa tahee galmeeffamuuf murteeffachuu, dhaaboota Oromoo walitti qabuu irra isaan duba naanna'ee algaan maqoo taahuuf karoorfachuun hamajaajii kaayyoo Oromoo tahuu isaa mirkaneessee jira.

Kanaaf, Shaneen maqaa ABOn of dhiheessuun isaa hamaa hanga yoonaa dhaqabsiise caalaa fiduu dandaha. Bilisummaaf dhiiga hanga yoonaa dhangala'ee nafii dhabsiisa.

Kanaaf nambiyyooti Oromiyaa fi dhaabotni Oromoo walaba tahan haala jiru baranii Shaneen sardiida gogaa hoolaan golgamtee bushaayee itti makamuu barbaaddu tahuu hubachuun sochi isaa akka addaatti caqasuu qabu.

7. Karoora Carraaqsaa

ABO irratti abdii godhate ummatni Oromoo qabeenyaa fi lubbuu hedduu gumache. Ammas ABOn bilisummaa fidee dhufa jedhee eega jira. Akka yaade tahuu dhiisee murni hoggana keessa kaayyoo ganamaa irraa mucucaatan, manii inni itti akeekkate irraa maqsaa jiru. Sun wareegama baasee qofa osoo hin tahin eenyummaa Oromoos kan tuffachiisu tahaa jira. Kanaaf, ulfinna isaa of jalatti eeguuf nambiyyaan Oromiyaa gocha qabsoo isaa irraa dagachiisu dammaqee caqasuu qaba.

ABOn of irratti irkachuutti amana. Kanaaf, lammiin Oromiyaa hundi qabsoo isaa jiraachisuuf itti gaafatama qaba. Hiyyummaan keenya, namoota lakkofsaan nuu gadiitti harka nu kennachiisuu hin qabu. Kanaaf, hundi keenya waan dandeenyuun qabsaawota keenya dhugaatti birmachuu qabna. Qabsoon tolchinu Oromummaa fi Oromiyaa badiisa aggammame irraa dandamachiisuuf yoomiyyuu caalaa wareegama barbaada.

Dhaaboti Oromoo walaba tahan jaarma isaanii cimfatanii humna waloo naamusa qabu baafachuutu irraa eegama. Hunduu lootee galtuu ergamtuu alagaa irraa akka of eeguu dandahanitti of qixeessuu qabu. Yoosi walii tumsii kan Oromummaa fi bilisummaaf dhaabbatanii kan milkaawu. Kanaaf, dhaabootni hunduu gara bilisummaatti tarkaanfii geessu shaffisiisuuf tokkummaa isaanii cimfachuu qabu.

ABOn tarkaanfii dhaaboota Oromoo walaba gara ciminaatti geessu ni amana. Kanaaf, akeeka THBO (ULFO) irratti hundaawee tokkummaa humnoota Oromoo cimfachuuf tattaafachuun dirqamaa fi tarkaanfii kana fudhachuuf gaafii biraa eeguu akka hin qabne ni amana.

Humnootni cunqurfamoota empaayeritti keessa jiran hundi qabsoof akka miltoo keenyaatti fudhanna. Kanaaf, sochii keenya akka waliin qindeeffannu waamicha walitti fufaa gochuu qabna.

Dhaaboota Oromoo gaaddisa diinaa jalatti sosso'an hunda ilaalcha malbulchaa isaanii akka jijjiiratan dirqisiisuuf mirga hin qabnu. Inni mirga abbaa ti. Garuu, diinni seera ofii baafate alatti saba Oromoo irratti roorroo yoo geggeessu callisanii ilaaluun yakka tahuu hubachiisuun nurraa eegama. Akkasumas, sochii Oromoo kamiifuu gufuu tahuun, ololaan haa tahuu iyyaatiin, irree diina akka hin gabbifne yaadachiisuu qabna. Jecha abboolii, "alagaatti gargalii nyaadhuu, firatti gargalii liqimsi" kan jedhus ni yaadachiifna.

Dhaloota Oromoo hin tahin Oromiyaa keessa jiraataniif dhaaba Oromoo caalaa kan itti aanu bakka biroo bahee hin dhufu. Kufaatiinis, ka'uunis,

duroomaa fi hiyyummaanis Oromoo waliin. Kan karaa itti seenanii nama nagaan jiraate walitti naquu barbaadan hedduu dha. Akka jiraatoo Oromiyaatti hunduu qabsoo seetiif gumaachuu qabu. Hidda dhahatanii orma waliin dhalatan ciiga'uun hamajaajii alaa itti dhufuuf humna haatahuu odeeffannoo gumaachuu taanaan komee seenaa jalaa hin bahan. Kanaaf, qabsawota Oromoo bira dhaabbatanii bilisummaa Oromiyaaf akka hojjattan gama barbaachisuun tolfamuu qaba.

Oromoon dhaaba diinaa keessatti sadarkaa adda addatti, hojjataa ogeyummaan, loltummaan, dafqee bulummaan, fi qondaalummaan sosso'an jiru. Hojiin itti qaxaraman seera abbaa hojjachiisuun masakkama. Seeraa alatti gochi raawwatan hedduutu muldhata. Akka Oromoo tokkootti kanneen gocha akkasii tolchan callisanii bira darbuun safuu dha. Waanti hojjatan eenyummaa isaanii kan irraanfachiisu akka hin taane of baruu qabu.

Hawaasi addunyaa qajeeltuu fi diimookraasiin bakka halletti akka dagaagu gochuuf itti gaafatama qabu. Nutis kan gaafannu kanuma. Eenyummaan keenya kan nuti itti himannu malee kan koloneeffataan itti himu tahuu hin qabu. Biyya sana keessaa nuti saba aadaa, afaanii fi seenaa addaa qabnu. Humnaan cabnee koloneeffamne. Kanaaf, bilisa bahuu gaafachuun mirga keenya. Lolachuun mirga keenya. Kaasaan keenya kaasaa qajeeltuu dha. Kanaaf qabsoo keenya akka ilaalcha tolaa qabataniif sirriitti, mammii malee, hubachiisuun qooda keenya.

ABOn dhaaba amantii (religion) addaa hin hordofne, amanalaa (secular) dha. Oromoon amantillee biyya lafaa hunda of keessaa qabaatuyyuu waaqeffataa, Kristaanaa fi Isilaamni amantii gugurdaa sadii. Kun hunduu ABO akka qaroo ija isaaniitti tiksaa jiru malee amantiin gargar bahanii walitti hin duulle. Waldhabdee addunyaa keessaas qoda hin fudhanne. Dinni keenya dhugeeffannoota keenyatti quba qabee aanga'oota rifachiisuu yaala taha. Kun ejjennoo Oromoon Oromummaan qabu wallaaluu malee, ilaacha malbulchaa isaa keessa amantiin yeroo lixee booresse hin jiru. Kara kana waan dhufuu dandahu hundaaf ABOn itti gaafatama akka fudhatu mirkaneessuuf hojiin agarsiisuu qabna. Waan itti himnu amanuu dhabuun tokkummaa keenya waan booressu itti fufama taanaan rakkinna dhufuu dandahuf Oromoo osoo hin tahin kan dogoggaraan itti maqantu itti gaafatama.

Dhuma irratti, kan gorsuu barbaadnu malbulcheessootni hundi daddaaquu dhiisanii ejjennoo isaanii ifaa akka tolchan. ABOn Oromiyaa bilisomtee fi akka barbaaddetti of ijaartu uumuuf dhalate. Kana milkeessuuf karaa dandahe hundaan dhiibbaa koloneeffataa irratti tolcha. Kunis humna empaayeriif dorgomuun osoo hin tahin empaayera jalaa bilisoomuuf.

Empaayera jalatti akka gola mormituutti galmeeffamnee aangoof dorgomna yoo jedhame akeeka ABOn itti dhaabbatee ala taha. Kanaaf, maqaas waliin jijjiiruun dirqii taha. ABOn dhaaba maqaa finnoota empaayerittii keessaa tokko dhahatu malee sabhedduu miti. Kanaaf, guutummaa empaayeritti keessatti hin dorgomsiisu. Kanaaf aanjaan baayyinna namaatiif argachuun yaadame hin argamu. Barcuma Oromiyaaf kan dorgoman goloota hedduutu jira, yaada ittiin deemamu kanaan kan ABO adda tolchu hin jiru. Kanaaf gar tokkotti cituu dha.

ABOn kaayyoo ganamaan akka itti fuufu kan barbaadan yoo jiraatan ammas yeroon hin dabarre. Kana caalaa osoo hin deemin kan darbeef wal qeeqanii, ofis qeeqanii sarara irraa ceehanitti deebi'uu dandahu. Tokkummaan humnoota Oromoo tumsa alagaa isa kamiinu caalaa leellifamuu qaba.

Yeroon ammaa yeroo Oromoon gadadoo qawwee Habashaa, beela, dhukkuba, wallaallinna, waldhaalina fi hidhaan dararamaa jiru. Sabboonootni Oromoo akka hogganoota Maccaa fi Tulama fa'a Oromummaa isaanii qofaan mana hidhaa Habashaa keessatti dararamaa jiru. Maatiin isaanii bakka isaanii kan bu'uuf dhabuun rakkinni kana hin jedhamne akka irra gahaa jiru hubachuun nama hin dhibu. Yeroon isaa silaa yeroo wal tahanii dhaqabaniif ture. Biyya keenyaa waltaanee ilkaan koloneeffataa keessaa baasuu malee koloneeffataatti luka kennachuun furmaata hin tahu..

Qabsoon ittifufa!
Injifannoon ni dhufa!

Oromiyaan ni bilisoomti!

Koree Hojii Geggeesituu ABO
Waxabajjii 2006